Koolu Galtummaa UK tti akkamitti akka argattu, af-gaafii koolu galtummaa

Af-gaafii koolu galtummaa jechuun mootummaa UK irraa bakka bu'aan dhufudhaan, sababii koolu galtummaaf iyyattaniif gadi fageenyaan kan gaafii isiniif dhiyeessu jechuudha.

Biyya keetirraa maaf akka baate ibsuu fi biyyi kee keessa nagaan jiraachuun maaf akka rakkisaa ta'es ibsuu qabdu.

Gaaffileen ka'an hedduu fi jajjaboo ta'uu malu garuu ibsa gahaa fi deebii sirrii itti kennuun murteessaadha.

Yeroon af-gaafichi siif godhamus dheerachuu irraa kan ka'e gaaffilee hedduu gaafatamuu malta. Gaaffileedhuma amma gaafatamte sana karaa biraatiin irra deebi'anii si gaafachuu waan malaniif uf eeggannoon deebisuun gaaridha.

Waan dubbachuuf ulfaatu fi nama qaanessuus gaafatamuu malta.

Qophaahi

Jalqaba irratti wontoota barbaachiso Home Office dhaaf himtu qopheeffadhu, hiriyyaa kee woliinis shaakaluunis gaariidha. Waan siif ifa hin ta'inis gaafatamuu malta. Hubadhu namni Home Office irraa bakka bu'uun af-gaafii siif godhu sun haala biyya keeti sirritti beeku dhabuu danda'a.

Sagaleen af-gaafii keessanii akka woraabbamuuf gaafachuun bayeessa. Gaafii kanas af-gaafii osoo hin geggeessin karaa barreeffamaatiin sa'aatii 24 dursitee gaafachuu qabda. Hidhaa keessa jirta yoo ta'es guyyaa sadi dursitee gaafii kana dhiyeessuu dandeetta. Abukaatoo qabda taanaan akka Abukaatoon kee barreeffamaan siif gaafatu hubachis.

Sagaleen af-gaafii keessanii woraabbamuun faayidaan isaa maal? Yoo akka tasaa ta'ee Iyyannoo koolu galtummaa keessaniif diddaa argattan, yeroo af-gaafii gootan san walii hubachuun dhabameera yoo ta'e, maal jechuu akka barbaaddan isa woraabbame irraa deebi'uun akka hubachiiftaniif gargaara.

Guyyaa beellamaa fi bakka af-gaafichi itti godhamu eessa akka ta'e mirkaneeffadhaa.

Kan af-gaaficha isiniif godhu dhiira ykn dubara keessaa kan isiniif ta'us filachuu dandeettu. Kan af-gaaficha isiniif hiikus dubara ykn dhiira keessa filachuu ni dandeettu garuu kana gochuuf yeroo gahaa dursitanii himachuu qabdu.

Abukatoo qabdan yoo ta'e waa'ee af-gaafichaa yeroo yeroodhan mari'achiisuu hin dagatinaa. Waa'ee af-gaafichaa irratti gaafii yoo qabaattanis dhiyeessuufi qabdu akkasumas ragaalee koolu galtummaa kiyyaaf na gargaara jettanis gara Home Office akka isiniif ergan taasisaa.

Af-gaaficha yeroo geggeessitan

Af-gaafichi yeroo hedduu kutaa giddu galeessa tokko keessatti godhama. Namoonni argamanis isin, nama afaan isiniif hiiku fi bakka bu'aa Home Office qofatu argama. Abukaatoon keessaan irratti hin argamu.

Yeroo gaafiin bakka bu'icha irraa isiniif dhihaatuuf deebii kennitan karaa ifa ta'ee fi babaldhistanii dubbachuu qabdu, ragaalee barbaachisoo ta'anis dhiyeessuu qabdu.

Isin amanuu dhabuu waan malaniifis sirritti itti qophaahaa, Isin hin amannu jedhanii achitti isinitti dubbachuu baataniyyuu yeroo deebii isiniif kennan barreeffamaan isiiniin jechuu malu.

Af-gaafii irra osoo jirtanuu yoo isin dhukkube, dadhabbiin isinitti dhagahamee fi cinqamtan nama gaffii isin gaafatuttii himachuu qabdu.

Osoo af-gaafii irra jirtanuu yoo jidduudhaan boqonnaa barbaaddan gaafachuu hin sodaatinaa.

Nama afaan isiniif hiiku sanan yoo sirritti wal hubachuu dadhabdan achumatti himachuun akka barreeffaman yaadannoo irratti qabatu taasisuu dandeettu.

Af-gaafiidhaan booda

Erga af-gaafiin dhumeen booda woraabbii sagalee fi barreeffamaa akka isiniif kennan gaafachuu hin dagatinaa.

Af-gaaficha booda hiriyyaa yookiin olla wojjiin dubbachuun isiniif gaariidha.

Waa'ee miira keessanii fi maaltu akka uumame sana barreeffadha, wanti osoo dubbachuu barbaaddan hin dubbatinis yoo jiraate bifa barreeffamaatin kaayadha.

Abukaatoo qabdu yoo ta'e af-gaaficha booda osoo wal argitanii wojjiin haasoftanii gaariidha. Wanta sirraahu qabu jira yoo ta'e inni barreeffamaan gara Home Office erguu danda'a.

Murteen Home Office irraa argamus koolu galtummaa argachuu fi diddaa argachuudha. Yeroma san (torbaanota keessatti) murtee argachuu dandeettu. Yeroo hedduu garuu ji'oota hedduu fudhata.